Kitaabban afaan birootiin barreeyfaman eeysatti arkaman?

The Millennium Library
251 Donald Street
Winnipeg, Manitoba, R3C 3P5
Phone: 204-986-6432



Ilmi keeysan afaan keeysaniin tahe Ingiliffaa dhaan dhibdee dubbisuu fi hubachuu yoo qabaate, gargaarsa Pathologisti dubbii afaanii (speech language pathologist) isa barbaachisuun ni mala. Akkasumatillee barsiisaa ijoollee keeysaniitti haasawaa.

***Immigrant Services:***

Immigrant Women`s Association of Manitoba, Inc
University of Winnipeg Library
4th floor- 515 Portage Avenue
Winnipeg, Mb. R3B 2E9
Tel: 989 5800

Immigrant Centre Manitoba
100 Adelaide Street
Winnipeg, MB R3A 0W2
Tel:943 9158

***Refugee Services:***

Manitoba Interfaith Immigration Council
Welcome Place
397 Carlton Street
Winnipeg, Mb. R3B 2K9
Tel: 977 1000

Needs Centre for War Affected Families
251 A Notre Dame Avenue
Winnipeg, Mb. R3B 1N8
Tel: 940 1260

***Community Health Clinic:***

Mount Carmel Clinic
886 Main Street
Winnipeg, MB. R2W 5L4
Tel: 582 2311

# MANA KEEYSANITTI AFAAN BIRAATIIN NI DUBBATTANII?

Oromo



WINNIPEG SCHOOL DIVISION
Child Guidance Clinic

# Gaaffiilee deddebi'amee gaafataman:

**1.Ingiliiffaan afaan keenya miti? Ijoollee teenyatti Ingiliffaa haasawuu nu barbaachisaa?**

Miti. Ijoollee teeysan afaan akkaan isinitti toluun itti haasawaa. Ijoolleen mana keeysatti haasawa miidhagaa dhagahutu isaan baraachisa.

**2.Yo nuti manatti Ingiliffaa dubbannee, jolleen teenya Ingiliffaa daddafan ni baratani?**

Baruu dhabuun ni mala. Hanguma afaan isaaniitti jabina qaban takka afaan biroollee daddaffiin baratan.

**3. Dhiirsi kiyyaa fi ani afaan adda addaati dubbanna. Afaan kamiin ijoollee teenyatti haasawuu qabna.**

Isin lachuu afaan irra isinitti toluun itti haasawuu qabdan. Kana jechuuniis haati afaan tokkoon, abbaaniis afaan birootiin itti haasoytan jechuudha.

**4.Afaan lama barachuun ijoollee tiyya hin jeequu?**

Miti, Ijoolleen addunyaa maraa afaan tokko ol baratan. Afaan tokko ol dubbachuun bu'aa qaba.

**5. Ijoolleen tiyya manatti afaan keenyaan dubbachuu hin fedhan. Maal godhuu qabna?**

Yooniif ijoolleen teeysan Ingiliffa dubbachuuf filatanillee, isin afaanuma keeysaniin dubbisaa,

**6.Kanadaa keeysa/ Winnipeg jiraannaa, maaliif afaan keenya dubbachuun nu barbaachisa?**

Afaan, aadaa fi hooda keeysani wajji qunnamtii cimaa kan qabanirraa tokko. Afaan keeysaniin ijoollee dubbisuun ijolleen teeysan seenaa fi aadaa isaanii baratani firootaa isaani jaarroolee wajjiin hariiroo akka qabaatan gargaara.

**7. Ijoolleem teenya mana keeysatti afaan keenyaan akka dubbatan gargaaruu dhaaf maal godhuu dandeya?**

- Ijollee teeysan itti haasawaa
- Ijoollee teeysaniif guyyuu kitaaba dubbisaaf
- Ijoollee teeysan fakkii/suuraa/ phootoo kitaaba keeysatti arkanirraa akka sheekkoo isiniif himan jajjabeeysaa.
- Ijoollee bakka adda addaatti geeysaa waan achitti arkitanirraa haasawaaf
- Seenaa maatii keeysanii itti himaa
- Jechootaa haarayatti fayyadamaa, Hugguhallee itti fayyadamaa.
- Hima ijoolleen teeysan dubbatte irra deebi'a dubbadhaa , hima isaanirratti dabalaa dubbadha.
- Yaroo ijoollee teeysanitti haasooytan laalaa itti haasawaa.
- Waan ijoolleen teeysan godhaa jirturraa haasawaa
- Waan isin godhaa jirtan irraallee itti haasawaa
- Muuziiqaa dhaggeeyfa dhaa, Wajjiin wallisaa ensemble

